Koomeewwaniif ibidda irraa adabbiin mirkanaa'e, wuduu'a guutaa godhaa

Abdullaah bin Amrii irraa odeeffamee Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaallatu akkana jedhe: Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irraa haa jiraatu- waliin Makkaa irraa gara Madiinaa deebinee, yeroma bishaan wahii kan karaa irra jiru bira geenne namoonni yeroo Asrii irratti salaatuf sardamanii, haala sardaminsa keessa jiraniin wuduu'a ni godhatan, bishaan ishee tuquu dhabuu irraa kan ka'een haala koomeen isaanii iftuun isaan bira geenne, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni Isaan irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Koomeewwaniif ibidda irraa adabbiin mirkanaa'e, wuduu'a guutaa godhaa».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irraa haa buusu- sahaabota isaanii woliin makkaan irraa gara madiinaatti imalan, karaa isaanii irratti bishaan argatanii, gariin sahaabotaa salaata asrii salaatuuf jecha wuduu'a godhachuutti jarjarani, hanga bishaan irraa goggoginni duuba koomee isaanii nama ilaalu tokkoof mul'atutti, nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: worreen yeroo wuduu'a godhatan duuba faana isaanii dhiquu keessatti hirdhisaniif adabbii fi badiitu ibidda keessatti isaaniif jira, eegasii wuduu'a guutanii akka godhatanutti isaan ajajani.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/66392